Dhiheeffannoo galfachuu

Gaaffiilee Irra deddeebiin Gaafataman

Abba-gaar Viktooriyaa eenyu?
Abba-gaar (the Ombudsman) jechuun dhaabbata walabaa kan komiilee dhaabbiilee mootummaa Viktooriyaa irratti dhihaatan qoratuu fi ummanni haqaan tajaajilamaa jiraachuu qulqulleeffatuu dha. Nuti qaama Mootummaa yookiin Hooms Viktooriyaa **miti**.

Qorannoon keenya waa'ee maaliiti?
Muuxannoo namoota manneen ummataa keessa jiraatanii fi kan sababa mootummaan gamoolee diigaa jiruuf jecha mana haaraatti godaanaa jiranii qorachaa jirra.

Kan laalaa jirru:
- namoonni mana jireenyaa mootummaa (kan mootummaa) irraa gara mana jireenyaa hawaasaatti (gareewwan bu'aa hin arganneen bulfaman) yeroo ce'an maaltu ta'a
- manneen ummanni itti godaanuuf jedhan mijatoo tahuu
- yoo ummanni godaanuu hin barbaannu jedhan maaltu taha
- ummanni irra hedduun erga gadhiisanii booda warra ammayyuu gamoolee keessatti hafan maaltu mudata
- Hooms Viktooriyaan waa'ee mana haaraatti godaanuu irratti maal ummatatti hime
- dulloota mana haaraatti godaanan rakkoo mudate.

Ummata gamoolee Kaarlton, Filemingtan, Noorz Meelborn, Richmand, Saawuz Yaaraa, Kensingtan, Praan, Seent Kildaa fi Albert Park irraa godaanaa jiran laalchisee qorachaa jirra.

Akkasumas, mootummaan akka diigu erga murteessee booda, Hooms Viktooriyaan gamoolee mana jireenyaa ummataa irratti rakkoo uumame kamiyyuu akkamitti akka kunuunsee fi sirreesse ni ilaalla.

Eenyurraa dhagahuu feena?
Sirraa dhagahuu feena:
- ummata gamoolee manneen ummataa keessa galan
- ummata gamoolee manneen ummataa keessa galaa turanii amma godaanan
- miseensota maatii fi hiriyoota jiraattotaa jaalatamoo
- dhaabbiilee jiraattotaaf dubbatan yookiin hojjetan
- dhaabbilee biroo kan odeessa wal qabataa qaban.

Maal beekuu barbaanna?
Mootummaan gamoolee mana jireenyaa ummataa waan diigaa jiruuf namoota mana jijjiiruu qaban irratti dhiibbaa gahe dhagahuu barbaanna. Wantoonni dhagahuu barbaannu kan akka:
- akkamitti dhiibbaan sirra gahe?
- qabaan sirnaa siif godhameeraa?
- mana kee haaraatti gammadaa dhaa?
- maallaqa dabalataa akka kafaltu godhamteettaa?
- waa'ee godaanuu keetirratti waan sitti himame qalbifatteettaa?
- waa'ee mirgoota keetiirratti odeessa gahaa ni qabdaa?

Akkamittin yaada kiyya kennadha?
Dhiheeffannoo kee karaa bilbilaa yookiis imeelaa galfadhu. Unkaan keenya afaanota 10niin jira.
Maqaa kee nutti himuu hin qabdu.
Muuxannoo kee afaanuma keetiin nutti himuu dandeessa.

- Bilbiluuf **9613 6277** (ganama sa'aa 9 hanga waaree boodaa sa'aa 4, Wiixataa-Jimaataa). Turjumaana tolaaf **131 450** irratti bilbili
- Unkaa dhiheeffannoo: **ombudsman.vic.gov.au/our-impact/news/public-housing-submissions/**
- Imeelii erguuf **submissions@ombudsman.vic.gov.au**

Hanga Guraandhala 1 bara 2027tti sirraa dhagahuu feena. Akkasumas wal argaa hawaasaa gamoolee manneen ummataa cinaatti tahu irratti qaamaan nu dubbisuu dandeessa. Waa'ee kanaarratti odeessa dabalataa siif qooduuf deemna.

Yoon seenaa kiyya isiniif qooduu barbaade akkami?
Seenaa kee nuu qooduurratti rakkoo hanqina fayyaa, afaanii yookiis waan biroo yoo qabaatte akka si gargaarruuf nutti himi.

Maaliifin seenaa kiyya Abba-gaariif qooda?
Jiraattonni heddu seenaa isaanii nuuf qooduu akka nuffanii jiran quba qabna. Dhiibbaa sirra gahee fi qabaa siif godhame hubachuuf jecha seenaa kee dhagahuun nu barbaachisa. Kun rakkoo jiru akka adda baafannuu fi jijjiirama barbaachisu akeekuun deemsi fuulduraa jiraattotaaf haqa qabeessaa fi wayyaa akka tahuuf gargaara.

Qorannoo kana maayyii irratti maaltu taha?
Qorannoo kana maayyii irratti, gabaasaa waan adda baafannee fi rakkoo gama fuulduraa furuuf fooyyeesuuf gorsa dhiheessa jennu barreessina. Gabaasaa kanas Paarlaamaa Viktooriyaaf ni kennina marsariitii keenyarrattis ni baafna.

Odeessi kiyya iccitiidhaan ni qabamaa?
Odeeffannoo kee akka seera Imaammata Matayyummaa (iccitii nama dhuunfaa)tti siif qabna. Seenaa ati nuuf qoodde Hooms Viktooriyaattis tahee qaama kamittuu **hin** himnu. Akkasumas osoo maqaa kee nutti hin himin odeessa nuuf kennuu dandeessa.
Yeroo garii dhiheeffannoowwan ummataa keessaa jechoota namootaa gabaasaa bahu keessatti ni fayyadamna. Jechoota tuqnu kana keessatti maqaa namaa hin dhoofnu. Yeroo dhiheeffannoo kee galfattu akka jechoonni kee eeraman ni feetaa fi hin feetuu kee ni gaafanna.

Seenaa kiyya yoon qoode rakkoon na mudataa laata?
Seenaa kee waan nuu qooddeef jecha Hooms Viktooriyaan dhiibbaa addatti sirraan gahuu hin danda'u. Yoo waa'ee kanaa isin yaaddesse, maqaa kee nutti himuun sirra hin jiru.

Yoon ammaantana gargaarsa barbaada tahe hoo?
Yoo manneen ummataa fi hawaasaa irratti komii qabaatte si gargaaruu dandeenya. **1800 806 314** irratti nuuf bilbili. Afaan keetiin nu dubbisuuf yoo feete **131 450** irratti turjumaanaaf bilbili. Akkasumas unkaa komii fayyadamuu dandeessa.

Gargaarsa nageenyaa
Seenaa kee namaaf qooduun ulfaataa dha. Yoo nageenya keef yookiis kan nama biraaf yaaddoo qabaatte akka si gargaarruuf nutti himi.